

Short Note On Hied 202



Biirroo Barnoota Oromiyaa



Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Yaadannoo Gabaabaa Barattoota Kolleejii Barnootaa Barsiisotaaf Qophaa'e

Maqaa Koorsichaa: Survey of world History since 1815 (Hied 202)

Qopheessaan: Dheeressaa Baayisaa KBBJimmaa (PhD Candidate)

BOQONNAA TOKKO: Seenaa Addunyaa 1815-1870

1.1. Dagaaginni Warshaa

❖ **Gaafii shaakalaa:** Fayidaa fi miidhaan dagaaginni warshaa fide adda baasi.

Dagaaginni warshaa, Jijjiirama hojii harkaa gara maashinaatti, Hojii mana keessaa gara warhsaatti, jiirama jireenya namaa irratti fidee fi kkf. Dagaaginni warshaa sadarkaa **lama** qaba isaanis:

A.Sad 1^{ffaa}-1750-1870: bara kan maashinoota walxaxoo, Hurki madda humaa, maashinni warhsaa fi geejjibaa umamani, malleen geejjibaa haaran eegaluu, dhagaa boba'aa fi sibiilli warshaaf bu'ura ta'uu fi kkf.

B. Sad 2^{ffaa}1870 hanga ammaa: maddi humaa elektiriikii, boba'aa, aduu, atomiikii kkf argamuu, omishni sentetikii (Nayilanii fi pilastikirraa) hojjatamuu, geejjibnii fi walquunamtii ariifatoon umamuu (xiyaara, raadiyoo..), maashinoonni sammuu mashinota biro to'atan umamuu fi kkf.

Bu'aa dagaagina warshaa: hojiin humanaa maashinatti ce'e, fedhii namaa yeroo gabaabtti guutuu, omishni qonnaa guddate, kkf **Miidhaa isaa immoo:** Baqa baadiyyaa gara magaalatti, umanni magaalaa baayachuu, qillensi haara warshaan faalamuu, dubartoonni hojiif jecha kunuunsa ijoollee xiqqessu fi kkf.

Tokkummaa'uu Xaaliyaanii fi Jarmanii

❖ **Gaafii shaakalaa:** Tokkummaa'un Jarmanii fi Xaaliyaan akkamitti argamme?

Tokkummaa'uu Xaaliyaan: Xaaliyaan walgahii Veenaa 1815 dura mootota xixiqoo heddu qabdi alagaadhanis bulti ture. Fkn:-Lombadii fi veneshiyaa-Awustiriyaa jala, Permaa, Modeenaa fi Tuskanii-Mootota Awustiriyaaan fira ta'aniin bulti, Sisilii lamman-Mootota Awustiriyaaan

deeggaramaniin bulti, Poyidmenti Sardiniyaa ofiin of bulchiti (giddugal qabsoo turte), Naannoo hafan Roomaa dabalatee-Phaphaasii Romaatin bulu isa imoo Faransaayitu gargaara.

Adeemsa tokkummaa’uu keessatti namoota gahee guddaa qaban

1.**J.Maaziinii**, 1831 dhaaba “Young Italy” hundeesse, 1848 Repabliikii Roomaa labse, **Lubbuu** Tokkummaa jedhamee beekama.

2.**Kaavor** (1852 mummicha ministeeraa Saardiniyaa ta,e) Viktor Emanu’eeliin II dhan muudame, dippiloomasitti amana, kanaaf **Sammuu** tokummaa Xaaliyaanii jedhama. Deegarsa Faransayitiin Awustriyaa irratti waraana labsuun, Lombardii deebifate, Niisee fi Saavooy Faransaay fudhatte waadaa galeefi ture, Parma, Modeenaa fi Tuskaniin Sardinyaatti makaman

3.**J.Gaariibaldii** 1860, loltoota **Kittaa Diimaa** (red shirts) hoogganuun Sisilii lamman bilissoonse. Kaavor, bara 1860, lafa phaphaasii jala ture, Roomaan ala hunda deebise, 1861 mootummaan Xaaliyaan **Tuuriin** keessatti labsame, Viktar Emanueel II mootii ta’e.

Bara 1866 waraana Awustiriyaa fi Piraashiyaa (Sadawaa) irratti yeroo Awustriyaan injifatamtu, Veneshiyaa Xaaliyaan fudhatte. Bara 1870, Waaraana Faransaay fi Pirashiyaa (Seden), Faransaay yeroo injifatamtu, Xaliyaan **Roomaa** deebifatte, 1871 tokkumoofta

Tokkummaa’uu Jarman (German unification)

Jarmanis Walgahii Veenaa irratti motota xixiqoo heddu dura turan gar **39** gadi bu’e. Ummanni tokkummaa’uu barbaada, garuu mootummoni xixiqqoon angoo isaaniif jecha tokkummaa’uu hin barbaadan. Mootummota kanneen keessaa ciccimoon Awustiriyaa fi Praashiyaa turan. Piraashiyaan giddugala qabsoo Jarman turte

A.Bara 1861 **Otovan Bismarki** Muummicha ministeeraa Piraashiyaa ta’e, Jarman **dhiigaa fi sibiilaan** bilisomti jedha. Humna cimsachuun deeggarsa Awustiriyaatin Deenmarki injifate, Shilaswiigi Piraashiyaan, Holistan immoo Awustriyaan fudhatte.

1866tti Piraashiyaan deeggarsa **Xaaliyaaniin** waraana Sadawaa irratti Awustiriyaa yoo injifattu, Hoolisten Prirashiyaaf deebi’e, **Veneshiyaa** immoo Xaliyaan fudhatte, Konfederashinnin Jarman Awustriyaa jala turan tokko tokkon Piraashiyaa jala galan.

Waraana Faransaay fi Piraashiyaa (sedan) irratti Faransaay injifatamte, tokkummaa’un Jarman masaraa Faransaay **Varsayitti** argamutti labsame. Faransaay waan injifatamteef lafa ishee Alsaas fi Looreen irraa fudhatame, Bismarki akkuma jedhe dhiigaa fi sibiilaan Jarman tokkummeesse.

Waraana Waliin Waliini Ameerikaa (1861-1865)

❖ **Gaafii shaakalaa:** Sababoota waraana waliin waliinii Ameerikaa sadii himi.

Waraanichi Kaabaa fi kibbatti jidduutti kan gaggeeffame yoo ta’u, sababoonni isaas warra gadiiti

A.Garaagarummaa siyaasaa: Kaabni daldalaa fi warshaan yoo beekaman, warri kibbaa garuu qonnaa humna garbootaa heddu fayyadamuun beekamu

B.Garaagarummaa hawaasaa: Kaabni dimokiraasii babaldhisan, kibbi garuu garaagarummaa abbootii qabeenyaa fi garbootaa jidduu jiru babaldhate. Adda addummaan isaanii bara 1860, yeroo Abraham Liinkan pirezidentii ta’u daran hammaate, sababni isaas garbummaa cimsee morma waan ta’eefi.

Warri kibba Ameerikaa konfederashinii ummuun fottoquun **Jafarsan Deeviis** Pirezidentii ta’e. Jalqaba warra kibbatu haleele, booda garuu warri kaabaa injifachuu eegalan sababni isaas Abraham Liinkan labsii baasuu fi ajajoota cicimoo ramaduu fkn-Giranti, Leecalloo gahaa ramaduu, labsichi bara 1863 garboonni kibba jiran gara isaa yoo warra kaabaa gargaaran bilisa akka bahan ibsa ture, kanaan loltoonni 200, 000 kibba gananii gara kaabaa goran.Kanaan Abraham Liinkan ebila 9, 1865, injfanno argatan, Ebila 10 injifannoo DC tti kabajame, Ebila 15, 1865 mana tiyatira Fordi keessatti Abraham Linkan nama John Walkes Buuz jedhamuun ajjeefame.

Bu’aa Waraanichaa: Garbummaan USA keessaa badeera, USAn tokkummofta, Kapitalizimiif haaldureewwan mijataniiru.

BOQONNAA LAMA: Seenaa Addunyaa 1870-1945

2.1 Waraana addunyaa 1^{ffaa} (1914-1918)

❖ **Gaafii shaakalaa:** Sababbota, adeemsaa fi bu’aa waraana addunyaa lammanii adda baasi. **Sababoonni bu’uraa**, waldorgommii kolonii, Waldorgommii siyaas-diinagdee, dagaaguu sabboonummaa, baamsaa waraanaa ijaaruu, firooma Jarmanii fi biyoota Balkan, Jarmaniin qabamuu Alsaasi fi Looreeni fi kkf.

Sababni battalaa: ajjeefamuu **Arkiduk Firanzi Fardinandi** (dhaalaa gonfoo Awustro-Hangarii) fi haadha manaa isaa **Sooffiyaa Chetek** waliin, magaalaa Bosiniyaa Herzogoviinaa-Serajevo keessatti, nama **Garvilo Pirinsipi** (sabboona Sarbiyaatin) ajjefaman. Awustrohangariin

akeekkachiisa Sarbiyaf laatte, yeroo Sarbiyaan diddu baamsan lamman dabareedhan waliratti waraana labsan

A.Baamsaa sadeenii (Jarman, Awustro-Hangarii, Xaaliyaan) booda garee walakeessaa ofiin jedhan erga sadii caalanii jechuudha fkn Bulgariyaa, Turki, kkf.

B. Baamsaa walakkeessaa (Ingiliz, Faransay fi Rahsiyaa) booda garee walta'ina jedhaman, USA, Xaaliyaan kkf erga dabalamanii.

Jalqaba baamsaa sadeenii olantummaa fudhate, Ebla 1917 booda garuu warri waltananii deebisanii haleelu eegalan. Sabani isaa: USAn waraana seenuu, Ingliz Iyarusalem fi Bagdad qabachuu, kkf dha.

Bu'aa Waraanaa

Ummanni miliyoonni 10 du'an, miliyoonni 20 miidhamani, Baasii US doolar mil 300 gaafteera, Jarman gumaa akka bafaltu, USAn olantumma argatte, sirni bulchinsa sanyii Jarman, Rashii fi Awustriyaa ni hafe, impaayerri Turki diigame, Jarman guututti injifatamte, fi kkf.

Waliigaltee Waraana booda Gaggeeffame

- Waliigaltee Varsaay (Wax, 1919) humnoota walta'anii fi Jarman jidduutti
- Waliigaltee Jarman qulqulluu (ful, 1919) humnoota walta'anii fi Awustiriya waliin
- Waliigaltee Tiriyanoon (wax, 1920) humnoota walta'anii fi Hangarii
- Waliigaltee Siviras (Ado, 1920) humnoota walta'anii fi Turki jidduutti

Liigiin Adunyaleessaa LN (League of nation) hundaa'uun nageenya addunyaa eegsisuu akka kaayyootti qabate, hundeeffama dhaabbatichaa keessatti Pirezidentin USA (Widro Wilson) gahee guddaa qaba ture, garuu USAn miseensa hin turre.

2.2 Waraana addunyaa 2^{ffaa}(1939-1945)

Sababootni bu'uraa (Basic causes) warra armaan gadiiti.

Ka'umsa Fashizimii Xaaliyaan 1922, ka'umsa Nazizmii Jarman 1933, dhiibbaa waliigaltee Varsaay, hundeeffamuu bulchinsa abbaa irree Xaaliyaan, Jarman, Jaappaan, kkf keessatti, kufaatii diinadgee, lola waliin waliini Ispeenotaa, dadhabina liigii Mootummoota addunyaa (LN) fi kkf.

Sababni **battalaa** immoo: **Jarman (Naaziin) Poolandi** weeraruu, ful, 1, 1939 waraanichi eegale

Waraanichi **kaampii lama** jidduutti geggeeffame

Grace Aksiis

Xaaliyaan

Jarman

Jaappaan kkf

Garee walta'anii

Ingliz

Faransaay

USA

USSR kkf

Waraanni addunyaa 2^{ffaan} marsaa lama qaba

Marsaa 1^{ffaa}: ful 1, 1939, Jarman Poolandi weerarte, Raashiyaadhan immoo wax 1939 waliigaltee (non-aggression), 1940 biyyoota akka Denmarki, Norweyi, Beljiyem, nezarlandi, Lagzenbergi, Wax 1940 Faransay weeraruun Paariis qabatte, Marshaal Piteen kibba Farnsayitti mootummaa dadhabaa (**Vichy government**) hundeesse.

Humni qilleensaa Jarman (**Luftwafe**) jedhamu magaalota Ingiliz boombiidhaan reebaa ture, humni Ingiliz (**royal air force**) yoo Jarmanootatti ulfaatu deebi'anii Rashiya weeraruun waadaa dura 1939 galan diigan.

Ful 1940, Xaaliyaan, Jaappaan fi Jarmaan waliigaltee **Sadachaa** malltteessun, biyyoota akka Hangarii, Ruumaniyaa, Silovaliya, Bulgariyaa, Giriiki, Yugoziilaviyaa kkf injifatan. Kun immoo Raashiyaa karaa adda addaa weeraruuf gargaara ture.

Wax, 1941, **W.Churchil fi Ruusveldi** Raashiyaa akka deeggaran ibsan. Seenaa waraana addunyaa 2^{ffaa} keessatti kan **Jarmanii fi Rashiyaan** isa hamaa jedhamee beekama.

Mudde 1941, **Jaappaan** human galaanaa fi qilleensa USA bakka **Piirli Harboor** barbadessite. Warri Sadachaas firummaa isaanii ibsuuf USA irratti labsan kanaan waraanichi kan garee lamaa t'uun isaa ifoome.

Marsaa 2^{ffaa}: ful 1942- ful 1945 yeroo kana warri walta'an deebi'anii haleeluu eegalan. Onk 1942 humni waraana Jarman Jen Roomeel hoogganamu **Sardiidaa Gammoojji** ofiin jedhu kaaba Afrikaatti bakka **El-Alamiyen** jedhamutti injifatame. Garee warra walta'anii kan hoogane **Eyizanhawar fi Montigomerii** turan.

- Wax 6, 1944, Ingilizi fi USAn (Eyizanhawar) Faransaay bilisoomsan
- Cam 1, 1945 Raashiyaan Jarman waraanuun magaalaa guddoo Barliin qabatte
- Cam 7, 1945 Jarman mo'atamuu ishee mallatteessite

- Cam 8, 1945 Tiruman fi Churchill injifannoo isaanii kabajan
- Hag 6 fi 9, USAn magaalota Jaappaan lamman Heroshimaa fi Negasaaki jedhaman bombii atomikitiin reebde, innis xumura waraana addunyaa 2^{ffaa} ta'e.

Bu'aa Waraanichaa: ummata miliyyoonni 50 du'e, qabeenya dolara bilyoon tokkoo olitti tilmaamu gaafateera, LN UNO dhaan bakka bu'e, waraanni ololaa ni eegale, qabsoon farra kolonummaa cimuu fi kkf.

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UNO) hundeessuun dura marii addaa addaa gaggeeffamee ture. Isaanis:-

- Waliigaltee **Atilantik** 1941, Rusvelti fi Churchill mallatteesse.
- Waliigaltee **Mooskoo** 1943, USA, USSR fi Ingliz irratti argame.
- Waliigaltee **Yaaltaa** 1945, Istaaliin, Rusveelti fi Churchill (hoog, USSR, USA fi Ingliz)
- Wax, 1945 **Sanfirasiskotti** bakka bu'oonni biyyoota 51 chaartara dhaabbatichaa mallattessan.

2.3 Waraana Ololaa (1945-1990)

❖ **Gaafii Shaakalaa:** Waraana Ololaa jechuun maal jechuudha? Akkamittis eegalee?

Waraanni ololaa yoom akka eegale sirriitti beekamuu baatus, 1946 qabee cimaa dhufuu isaa seenaan ni ibsa. Waraana adunyaa 2^{ffaa} booda USA fi USSR ciccimoo ta'uun yoo xumuran, kanneen biro garuu laafaa dhufan.

- **Waraanni ololaa:** waraana yaadaati, osoo dhiigni hin dhangala'in kan gaggeeffame, olola wal irratti labsuu irratti xiyyeeffata.
- **USAn Kaappitalizimii:** namaa fi maallqatu omisha to'ata, ummanni iddoo jiraatuu fi hojjatu ofiif murteeffata yaada jedhu hordifti.
- **USSR Kominizimii:** mootummaan omishaa fi qabeenya to'ata, bakka ummanni jiraatuu fi hojjatu mootummatu murteessa jedhu.

Lammanuu ayidoolojii faallaa qabatanii miseensota ofii horachuuf dorgamii hamaa keessa seenuun ololicha daran hammeessan. USSR biyyoota baha Awurooppaa irratti dhiibbaa gochuu (Lativiya, Estoonyaa, Latuwaniyaa, Yukureen, Jarman bahaa) ofitti makuun soda guddaa uume. Bra 1948 USSR karaa dhiha Jarman geessu cufte Jarmanis ayidoolojii lama jidduutti qoodamte. Kooriyaanis kaabaa (koministi) fi kibba (kappitalizimii) tti qoodamuun weerara ka'een UNOn

loltoota erge. Chaayinaan immoo warra kaabaa deeggarte hirmaatte. Dorgommiin cimaan lamman jidduutti, ganma misoomaa, nikulaarii, hawaa qorachuu fi kkf keessatti cimee itti fufe.

Bara 1959, USSR dhoksatee Kuubaatti misaa'ela dhabde. Pirezidentin USA **J.Kenedi** sodaachun waraanni USA Kuubaa akka marsuu fi USSR karaa sentu akka dhabdu godhe lolli dura ture daran hammaate, innis **jeequmsa misaa'ela** Kuubaa jedhama (Cuba missile crisis), dhiphinni kun guyyota jaha erga turee booda **USSR** misaa'ela Kuubaa baafta.

USSR: Waraana addunyaa 2^{ffaa} booda, baha Awurooppaatti kiminizimii babaldhifte, **USAn** immoo akka kiminizimii hin taaneef deeggarsa **Tiruman Doktiriin** (Truman doctrine) fi Karoora Marshaal (**Marshal Plan**) qopheesiite. **USSR** (Istaaliin) warri Awurooppaa bahaa akka deeggarsa hin fudhanne gochuuf **Kuminformi** hundeesse. Dabalataanis caffee diinagdee walgargaarsaa 1948 (**COMECON**) hundeesse.

Ingliz, Beljiyeem Neezarlandi fi Lugzembergi yeroo weeraraa walgargaaruuf 1948 Brussels irratti waliigalan. Ammas bara 1949, Inliliz, Faransaay, USA, Kanaadaa, Denmarki, Norweyi fi Ayislandi **NATO** (Dhaabata Kakuu Atilantik kaabaa) hundeesan. Weerara koministootaa ofirraa ittisuudhaaf ture. **USSR** immoo gama isheetiin NATO balaleffachuun waliigaltee **Waarsoo** (Warso Pact) mallaatteessite. Kanaan waraanni ololaa 1991, diigamuu USSR tin goolabame.

BOQONNAA SADII: Seenaa Afrikaa (African History)

❖ **Gaafii:** Adeemsaa fi tarkaanfii Afrikanonni farra kolonummaa irratti godhan ibsi.

Seenaa koloneeffannaa Afrikaa irratti yaaada lamatu jira

A.Afrikaa gara qarominaatti fiduuf kolneefachuun sirriidha B. Imperiyalistoonni Afrikaa kan kolneeffanne fayidaa Afrikaatiifi jedhanii barreessu. Kun hojii eebbifamaaddha jedhu. Afrikanonni seenaa hin qaban, akka bineensatti jiraatu, akkasumas duubatti hafoodha jedhu. Fkn Sochii misiyonotaa, daldaltootaa fi koloneefattootaa garrgaarsa gaariidha jedhu. Warra mormeen gowwaa fi kan hin qaroomne jedhu.

Barreessitoonni Markisistii fi sabboontonni gurraachotaa yaada olii hin fudhatan, Afrikaan seenaa mataa ofii bara dheeraa qabdi jedhu, seenaa Afrikaa qorachuuf mala haaraa eegalan. **Himamsa afaanii, faca'insa afanii**, qu'annoo **archeology** akka madda ragaatti fayyadamuun seenaa Afrikanotaa qorachuun ni danda'ama jedhu. Boodatti hafummaa Afrikaatiif sababoota lamatu jiru, **Daldala garbaa fi kolonummaadha** jedhu.

Sochii Farra Daldala Garbaa

Gaafii Shaakalaa: sochii farra daladala garbaatiif maaltu sababa ta'ee?

Adeemsi kun jarraa 16^{ffaa} hanga jalqaba jaarraa 19^{ffaa} gaggeeffame. Kan bitu Awurooppaanota yoo ta'an kan gurguramu immoo Afrikaanota. Kan humna isaanitti fayyadamaa turan immoo Awuroopanota Ameerikaatti godaananii achi jiraatani.

Jaarraa 18^{ffaa} guutuu, daladala kan irratti **Ingiliz** olantumma qabdi ture, garboonni walakkaa ol doonii isheetin fe'amu, dursitee farraa daldala garbaa kan eegalte Ingilizuma turte. Deenmarki lammiileen ishee akka itti hin hirmaanne 1805 labsitus dhaabuu hin dendeenye, Ingiliz immoo 1807, Ammeerikaan 1808, Hoolandi 1814 fi Faransaay 1817 daldala garbaa dhorkan. Dhoksaadhan garuu yeroo murta'eef itti fufe.

Sababoota dhorkamuu Daldala Garbaa

- **A.Bu'a dhabeessa** ta'aa dhufuu, gatiin shukkaaraa gad bu'uu fi gatiin garbaa faallaadhaan olka'uu, abbootin qabeenyaa gara warshaa biraatti hojii naannefachuu eegaluu.
- **B.Omisha warshaaf gabaa** Afrikaa barbaaduu, Awurooppaa gabaa gahaan hin jiru, kanaaf Afrikanota iddoo biraatti fe'uu caalaa achumatti qabachuun meeshaa dheedhii akka omishan gochu, omisha warshaa itti gurgurachuu.
- **C.Mormii Afrikanotni** daldala garbaa irratti kaasan, fkn yeroo qabaman mormuu, of ajjeesuu, iddoo hojjatanittis jalaa baduu. Fkn Garboonni **Biraziil** fagaatanii jraataa turan (**Maaroon**) jedhamu, fincilli garboota Hayitii kan **SeentiDomingoo** jedhamanii hamaa ture, maqaa moggafaman fincila booda maqaa isaanii duriitti deebifatan. Sochiin hayyootaalle fkn **Olaa'udaa Iku'iyaa** fi **Otoobahii Kiwugano** cimaa ture.
- **D.Daldalli seera qabeessa** ta'ee bakka bu'uu. Daldalli garbaa waggaa 300f erga ture booda dhorkame. Humna namaa caaalaa warshaan bakka fudhachuu. Walakkaa jaarraa 19^{ffaa} booda Ingiliz biratti biyyoonni biro kan akka **Faransaay fi Jarman** dabalamuun wal dorgommii keessa seenuun hanga biyya isa tokkootin kan biraa hin daldalle dhorkuu (protectionalism) eegalan kun immoo kolonummaaf karaa saaqe.

Sababoota Koloniif haalla mijeessan

- **1.Dagaagina warsaa** 1750-1850 yeroo kana keessa biyyi **Ingiliziin** morkitu hin jirtu ture, kanaaf “**workshop of the world**” jedhamte beekamti. Omishas ta'ee ogummaa kan qabu

ishee ture, meeshaleen dhedhiin Afrikaa garri caalu Ingiliz deema, Dooniin heddu qabdi, kanaaf maqaa daldala garbaatin gabaa Afrikaa dhuunfatte. Bara 1860 booda **Faransaay, Ameerikaa** fi **Jarman** dabalaman omishni gabaa irratti baayachuun rakkase, kanaaf hundi Afrikaatti erguu barbaadu. Meeshaaleen isaan gara Afrikaa fidanis **huccuu, alkoolii, qawwee, mi'oota sibiilaa** fi kkf. Yaada “protectionism” kan fide Faransaay fi Jarman turan.

- **2. Afrikaan qabeenyaa umamaa heddu qabdi jedhanii amanuu.** Lafa baldhaa qabeenyaa heddu qabuu fi hin tuqamin. Zayita, ilka, gommaa, warqee, ibonii, dayimendiin fi kkf dursee argamuun immoo daran isaan kakaaseera.
- **3. Awurooppaatti kolonii qabaachuun akka ulfinaatti ilaalamuu.**

Lafa Afrikaa Qircachuu (scramble for Africa)

Faransaay dhiha Afrikaatti lafa babaldhifachuun karaa baaburaa **Daakaari hanga Nayijeeriyaa** diriirsite, kun immoo **Ingiliz** waliin mormii uume. Sababni Faransaay kana gooteef Firaankoo Pirashiyaa irratti injifatamuu isheen, gahee Gibxi keessaa qabdus dirqamaan 1882 gadidhiisuu. **Qircannaa** kan kan fide Faransaay caala humnoonni lama Afrikaa seenuudha issanis Baaljiyeemii fi Jarmani.

Walgahaii Baarliin 1884-1885: Afrikaa qircachhuuf gaggeessan, biyyoota Awurooppaa 14 fi USAnis argamteerti. Kaayyoon isaa: Daldala Afrikaanota waliin uumuu, laggeen Afrikaa irraa yabaluu, osoo walitti hin bu'in Afrikaa qooddachuu fi kkf.

Murtii walgahicha irratti darbes

- Yeroo koloniif socho'an Afrikaanota waliin akk hin hiriirre.
- Gocha daldala garbaa irratti tarkanfii fudhacchuu
- Leopold mootiin Beljiyeem Kongoo akka qaneenyaa dhuunfatti akka fudhatu
- Laggeen Afrikaa irra yabaluu fkn Nijariii fi Kongoo

Deebii Afrikaanotaa kolonummaa irratti godhan wal hin fakkaatu

1. Mormii Maji-Maji, Siwalhiloote, Samorii Ture, Ummata Masaay (Keniyaa) fi kkf
2. Hoogantoonni Afrikaa tokko tokko alagaan hariiroo umanis jiru, fkn Uganadatti

Waraana Ittisa Koloneeffannaa

A.Faransaay: Afriikaa dhihaatti, impaayera **Tukuluur** kan Ahmad Seekuu hoogganamu mormii cimaa gochaa turani. Samoorii Turee mormii godhuuyyuu, 1889 Faransaay Tukuluriin haleelte.

Sudaan: Raabiin Ibiin Faddaa Alhaan faransay mormaa ture. Mootummaa Mahaadii erga hundaa'ee waraana ofii bakka **Baheer El-Ghaazii** tti hundeeffate, 1900 Faransayin ajjeffame.

Kotidivoor qabsoo cimaa booda 1893 Faransaayin qabamte. Farnsaay nannoo bosona mundhii lafaa (equatorial forest) qabachuuf qabsoo waan tureef waggaa digdama itti fudhate.

B.Afriikaa Lixaatti Ingiliz: Afrikaa lixaatti Ingiliz kolonii heddu hin qabdu (**Gold coast and Nigeria**) fa'i. Ingiliz duruma daldalaan naannoo kana beekti, 1895-1896 Ingiliz Gaanaa hunda qabatte. 1900 ummanni **Ashaantee** mormii cimaa godhan. Naayijeriyaattis 1892-1902 mormii cimaa gochaa turan.

C.Qabsoo baha Afrikaa Ingiliz fi Jarman irratti godhan

Yeroo Jarman 1885 Tanganikaa pirotektoreetii godhatte, ummanni **Suwaahilii, Yaphee, Ya'oo** mormaa turan. Fincilli **Maji-Maji Jarmanoota** irratti gaggeeffame, bishaan Maajiiki ofirratti facaasuu rasaasa Jarman dhorka jedhanii amanu garuu hin milkooftne.

Ugaanadaa keesattis mormii cimaatu ture keessayyu mootiin warra **Buyeeroo Kanaleekaa** mormii cimaa booda 1898 injifatame.

Keeniyaaattis hanga 1900tti mormii ciccimaatu gaggeeffame Ingiliz irratti. Fkf ummata Masay fi ummata Siwahiloota fincillii isaanii **Mazuru'ii** jedhama.

D. Mormii Afrikanotaa Kibba Afrikaa

Lola **Buerotaa** (Boers war) **Ingiliz fi Bueerota** jedduutti gaggeeffame. **Kiruugar** bulchaa Titansvaal gibira guddaa warqeerra argata. Keep Rohdees isa fonqolchuuf yaalee hin milkooftne. Kiruugar Ingiliz sodaachisuu eegale, issan immoo mirga ummataa gurrachaa gaafachaa turte. Bara 1899 dura Ingiliz mo'atamtus booda human dabalattee to'atte. 1900 magaalaa Boers qabatte. Kiruugar gara Awurooppaatti baqate. Ingiliz (**scorched earth policy**) fayyadamte waa hunda barbadeessu jechuudha. Afrikaanonni lammanuu duukaa hiriiranii ture. Bilisummaa argachuuf Ingiliz kan deeggaran 1910 "Union of South Africa" hundaa'un olaantummaa adii fide hawwiin issanis fashalaa'e.

E.Fincila Jarman irratti gaggeeffame

Kolonii ishee baha Afrikaa keessatti ashuura matiyaa kan namni ga'eessa ta'e hundi kaffalu labsite. 1905 fincilli Kiliwaa ka'e kalattii addaa addaatti babaldhate. Jirbii hin omisnu jechuuni.

Fincilli Maji-Majii bishaan “magic water” yoo dibannee rasaasni Jarman bishaan ta’a jedhanii amanu. Jarmanoonni yeroo waraanaa “scorched earth policy” fayyadamuu fincila dhaamsiteerti. Kibba lixa Afrikaattis mormiin ummata **Hereeroo fi Naamaa** cimaa ture. 1896-1897 “render pest” loon isaanii waan jalaa fixeef yeroo iyyooman qarshii liqeessun deebisuu yoo dadhaban lafa irraa fudhatu, kanaan 1904 fincillii ka’e daldaltoota Jarman fixanii lafa ofii deebifatan. Jarman ummata **Hereeroo kalaharii** keessatti marsaitee baayeen isaanii dhuman. Warri Naamaa riphanii lolaa turuun booda hogganaan isaanii **Watboyi** ajjeffame dadhaban.

F.Waraana Ittisa Golba Koongoo

Bar 1890 Faransaay **Gaboon, Giddu-gala Koongoo (middle Congo) fi Ubangi Charii** (central Africa republic) qabatee. Mootiin Baljiyeem (Leopold II) immoo kibba Faransaayi qabate. Bulchitoota Leopold irratti mormii cimaatu nama lamarraa isaan irratti ka’aa ture isaanis: **Tippuu Tippii fi Misisrii** jedhamu. Tippuun Arabootaa Siwaahiilii fi Msiriin immoo warra Yeekee hoogganu ture. Bara 1892 mormiin ka’e lola dheeraa fide lammanuu booda mo’aman.

G.Mormii Angoolaa fi Mozaambiik (Portugaal irratti)

Mormii isaanii yeroo dheera fudhate. Kibbaan impaayera Gaazaa, kaabaan warra Yaa’oo, Makande fi Makaa’uu ti meeshaa warra Awurooppaarraa bitataniin lolaa turan. 1880moota fi 1890moota gibira kaffaluu didanii mormaa turan. 1891 Ingilizi fi Portugaal walii galuun Gaazaa qooddatan. Moozaambikittis Portugaal loltootuma Afrikaatin faccee cabsaa turte.

H.Naamibiyaa (Jarman irratti)

Jarman 1884 Nimibiyaa pitotektoreetii godhatte. 1890tti imoo Jarman warra Hereeroo fi Naamaa walitti buusuu eegalte. Warra Hereeroo deeggaruun warra Naamaa tin lolan. Hogganaan Hereeroo-**Muhereeroo** yoo jedhamu, kan warra Naamaa immoo **Watboyi** jedhama. Keessayyuu bara 1904 hanga 1907tti waraana cimaatu Afrikanotaa fi Jarmanoota jidduutti gaggeeffame.

Imaammata Koloneeffattootaa

A.Ingiliz imaammata bulchiinsa **al-kalltii** hojiirra ilchitti ture. Imaammatichi **hoogantoota Afrikaa** aadaa umatichi beekan fi ummatichi abboomamuuf fayyadamuu, gama adda addaatin **ummaticha qooduu** (divide and rule), kun **tookummaa Afrikanotaa diiguuf** gahee guddaa qaba. Kan imaammata kana baase **Feredrik Luugardi** jedhama.

B. Faransaay: Imaammata bulchiinsa **kallatti** fayyadamte: kan baases **Albert Saruut** jedhama. Kolonii ishee keessatti **kallattiin nama ofii adii muuduudha**. Ammas “**assimilation**” hordofti Afrikanonni adaa fi seenaa ofii akka degatanii fi kan Faransaay akka fudhatan gochuudha.

C. Poortugaal immaammata Faransaayin kan walfakkatu fayyadamte.

D. Beljiyeem immoo imaammata Faransaay fi Ingliz waliinmakte fayyadamte.

Pan Afrikanizimii: sochii hundee **Afrikanummaatin** walbarbaaduu, walgargaaruu fi waldeeggaruuti. Ameerikattii eegalee, achii gara Afrikaa fi Awurooppaattis babaldhate. Kaayyoon isaa sabboonummaa Afrikaan alatti muldhisuu ture.

Namoonni Pan Afrikanizimii keessatti beekamoo turan;

- **A.Dr Henerii Siyilvester Williyaam:** Lammii **Tirindaadii**, nannoo Kaarbiyaa, Ingilizitti barate. Konfiransii 1900 gaggeesse, itti dabalun Ameerikaa kaabaatti, Lixa Hinditti fi Ingilizitti gaggeefameen kolonummaa mormuun fi deegars gafachuun xumuran. Innis waan du'eef hanga waraana addunyaa 2^{ffaa} qabsoon qabanaa'ee ture.
- **Dr Duu Bo'aa:** 1919 kaasee konfiransii Pan Afrikanizimii 1^{ffaa} hanga 5^{ffaa} gaggeesse, kanaaf **Abbaa Paan Afrikanizimii** jedhama. Yaada Garvee **horteen Afrikaa Afrikaatti haa deebi'u** jehdu ni morma. Akka Du Boan jedhutti gurrachonni iddoo hundatti tokko ta'uu qaba jedhu.
- **Markas Garvee (Lammii Jamayikaati):** Gurrachi Afrikaa dhiibbaa adii jala jiraachuu hin danda'u jedha. Kanaaf Afrikaatti deebi'uu qabu jedha. Dhaabbanni tokkummaa Afrikaas dhaabbachuu qaba jedhee barsiisa ture. Kanaaf **Liigii Negroo fi Hawaasa Afrikaa** 1920 Niwuyorkitti hundeese. Dhaabbatichi 1925 diigame, innis baqabchuun 1940 Landanitti du'e. Dhaadannoon isaa "**Afrikaan Afrikaanotaaf**" jedha. Walgahii Paariis irratti **S.Wiliyaam fi Du Boaa** barreeffama waa'ee mirga dhala namaa dhiheessan hin fudhatamne. Konfiransii Paariis 1919 bakka bu'oota biyyota 57 argame, gurrachota heddu argame.
- **Seeder Seengoor:** (booda Pirezidentii Senegal ta'e) walaloo sabboonummaa Afrikaa (Negritude) irratti barreessa ture. Afrikanonni aadaa fi seenaa ofiitin akka boonan yaada jajjabeessu barreessaa ture.

Afrikaa fi Waraana Addunyaa Lamman

A.Waraana Addunyaa 1^{ffaa}: Waraaniichi dhimma Afrikanotaa hin turre. Ta'us Afrikanoni miidhamaniiru. Fkn Ingliz fi Faransaay kolonii Jarman kan turan Kameeroo fi Toogoo weeraran. Ingliz loltoota Lixa Afrikaa fi kibba Afrikaa fayyadamte. Lammileen Keeniyaa fi Tangaanikee miliyoonan lakka'aman **ba'aa baataafi** turan. Yeroo Turki Jarman gargartu Ingliz loltoota

Misisritti fayyadamte. Garee lammaniif tajaajilaniiru, **qacaramanii fi dirqisiisanii** lolaa turan. Ingiliz Afrikaa lixaatii **Seeraliyoon, Nayijeriya fi Gold Coast** keessaa **50,000** qacaratee Afrikaa bahaa fidde. Faransayyis loltoota **150,000** qacartee achi keessaa **30,000** lola irratti dhuman. Beelaa fi Influenzaa ka'eenis **(1918-1919)** Afrikaa bahaatti **3%**tu dhume. Yeroo Jarman injifatamtu kameeroo fi Toogoon Ingilizi fi Faransaay fudhatan. Ruwanda fi Burundi Beljiyeemitu fudhate, Tanganika Ingilizitu fudhate. Ta'us warri fudhatan haluma koloniitin bulchaa turan.

Lafa gabbataa **qubattoota addif** kennuu, miidhaa **beelaa fi dhukkubaa**, islamummaan lixaa fi kibba Afrikatti babaldhate **aadaan Afrikaa waan lafeefi**, sirni **Appartayidii** cimaa dhufu, qubannaa cimaa **Keeniyaa fi Rodeshiyaa** kibbaatti, **ashuuraa** olaanaa funaanan ofiif olchuu, Afrikanonni akka **hin sochoone**, Afrikanonni **omisha gabaaf** oolu akka omishan, **gatii omishaa** Awurooppanotaan murteessu fi kkf.

B. Waraana Addunyaa 2^{ffaa}

Yeroo waraana addunyaa 2^{ffaa} Afrikanonni humnii fi diinagdeen isaanii saamama ture. Gatiin omisha dheedhii yoo dabaluu **amansiisuu fi dirqisiisun** akka omishan godhaa turan. Fkn, Faransaay Lixa Afrikaatti Jirbii fi ocholoonii akka omishan, Ingilizis akkasuma dhaabbata gatii omishaa to'atu qabdi, Yeroo kun qabsoo irratti gufuu ta'e. Lola irratti of duukaa hirirsissa turan, fkn Ingiliz mirgi Afrikanotaa ni mirkanaa'a yaada jedhu midiyaan ololuun of duuka hirisraa tute. Garuu namoonni lolatti hirmaatan koloneefatoota injifachuun akka danda'amu muuxannoo argatan.

Fkn, Bara 1935 Xaliyaan Itiyophiyaa werarte. Iyyata Hayilasilaasee LN (**Ingiliz fi Faransay**) fudhatama hin arganne. Mootichi baqatus, gootanni riphani lolaa turan. Gaafa Xaaliyaan gara misiraattii babaldhachuun **fedhiin Ingiliz xuqamu** Hayilasillasee gargaaruuf kaate. Loltoonni Ingiliz **Gaanaa, Nayijeriya, Seerliyon, Rodeshiya fi Keeniyaa** irraa dhufani fashistii Itiyooophiyaa baasan. Hitilar Xaliyaan gargaaruuf gara Afrikaa loltoota erge bara 1943 waraana **El-Alamie** irratti injifataman. Walumaagaalatti dhiibbaan waraana addunyaa 1^{ffaa} irratti ture isa 2^{ffaa} irrattis muldhateera.

BOQONNAA AFUR: Seenaa Afrikaa 1960 Booda

❖ **Gaaffii:** Rakkoolee bilisummaa booda Afrikaanota mudatan tarreessi.

Ilaalchi Awurooppanotaa waraana addunyaa lammaffaa booda fooyya'eera. **Inggilizii fi Faransay** addemsa keessa Afrikanonni akka ofiin of bulchan hubataniiru. Kanaaf gama **diinagdeen** olaantummaa Awurooppanotaa akka itti fufu haala mijeessaa turan. Dabalataanis

qabsoon iddoo qubattootni adii baayatanitti rakkisaa ture. Fkn **Keeniyaa, Aljeeriyaa fi Rodeeshiyaa kibbaa** fa'i.

1.Bilisuumma Argachuu Kolonii Ingliz

A.Gaanaa: 1957 bilisoomte, Qabsoo keessatti **K.Nikurumaha** beekamaa ture, dhaaba “**Convention Peoples party**” hooggana, innis **Pirezidentii** Gaanaa bilisomtee isa jalqabaa ta'e.

B.Naayijeeriyaa: 1960 bilisomte, dhabni “**Nigerian national council**” 1944 dhaabbate qabsaa'aa ture. Hoogganaan isaa **Namdi Azikiwee** jedhama. Bilisummaa booda gara walitti bu'iinsa gosaatti seente.

C.Tngaanikaa: Gamtaa biyyolessa Afrikaa Taanganikaa **Jiliyees Nereeree** tin hoogganamu beekamaa ture. **1958** filannoo godhame injifatee pirezidentii jalqabaa ta'e. **Zanzibaari fi Tnganikaan** walitti makamuu biyya amma **Tanzaniyaa** jedhamtu umman.

D.Uganada: Kongresii ummata Ugandaa kan hooganu **Milteen Obootee** ture. Ugandaan 1961 bilisomte. Obooteen muummicha ministeera ta'us, **Idii Amin Daadaa** tin 1971 finqolchame bu'e.

E.Keeniyaa: Gamtaa biyyoolessa Afrikaa Keeniyaa **J.Keeniyataa** hooganama. 1963 bilisomte. Keeniyatti rakkoo hamaa kan ture **qubattoot adii** keeniyaa jiraatani. Warri **Mau Mau** lafa irraa fudhatame deebifachuuf qabsoo cimaa godhan.

F.Roodeshiyaa fi Niyaasaalandi (Maalawii): Qonnaa fi horisiisaaf mijattoo waan ta'aniif qubattota heddutu achi ture. Ingliz imaammata isheen **Roodeshiyaa kibbaa (Zambiyaa)** fi **kaabatti (Zimbabiwee)** qoodde. 1963 Rodeshiyaan kaabaa bilisomte, warri kibbaa (Zimbabiween) **1980** bilisomte. Dhaabbileen qabsaa'aa turan Zimbabuweetii (Zimbabwe Africa national union) yoo ta'u **R.Mugabee** hoogganaa ture. Kaabatti (Zambiyyatti) immoo **Joshuwa Nikomo** dhaaba “Zambia Peoples union” hooggana ture.

G.Gibxi: 1922 gartokkeen bilisomte, dhaabni “**Waafdi**” qabsoo cimaa gochaa ture. **1956** gutuutti bilisoomte. Lolli bo'oo Suiziif jecha Ingliz, Faransay fi Isirael qophha'aa turaniyyuu, USSR waan dhorkiteef hafeera.

H.Sudaan: Ingliz Sudaan kaabaa (Musiliimota) fi kibba (Kiristaanota)tti qoodde.

2.Bilisummaa Argachuu Kolonii Faransay

A.Morookoo: 1963 bilisoomte, dhaabni “**Morocco national front**” qabsaa'aa ture. **Mohammad V** qabsoo gochaa ture Faransay qabdee **Madagaskaritti** hiitee turte.

B.Tuniziyaa: 1956 bilisoomte, dhaanbi “**Neo Dastur**” jedhamu **Habiib Borgibaa** tin hundaa’e qabsaa’aa ture.

C.Aljeeriyaa:1962 bilisomte, dhaabni “**National Liberation Front**” jedhamu qabsaa’aa ture. Bara **Ahimad Been Beellaa** bilisomte innis pirezidentii jalqabaa ta’e.

3. Bilisummaa Kolonii Xaaliyaan

A.Liibiyaa: Dhaabni siyaasaa **oboleeyyan Musiliimaa Mohammad Ediriis Al-Saamuu** hooganama, **Mohammed Gadaafii** fonqolchaan angoo irraa fudhate. Bara **1952** Xaliyaan jalaa baate

B. Eritiriyaa: 1890-1941 Xaaliyaan jala turte, booda **ingliziin** qabamte, **1952-1962**tti fedreshiniin Itiyoophiyaati makamtee, qabsoo dheeraa booda **1991** Itiyoophiyaa irraa fottoqxe.

4. Bilisummaa Kolonii Poorugal

A.Mozzambik: Dhaabni qabsaa’aa ture **FRELIMO** jedhama. **1964** bilisomte.

B.Keep Verdii: **Amiilkaar Kaabaaraa** qabsaa’aa ture, **1974** bilisomte.

Niwoo-Koloniyalizimii

Yaadni kun biyyoota Afrikaa reefu bilisooman irratti olantumaa fudhachuudha, gabaadhan, investmentiidhan, deeggarsa haalduree waliin kennuun ta’achuu, warra isaan morman irratti mormitoota ijaaruu fi kakaasuu fi kkf dha.

Sirna Appartayidii Afrikaa Kibbaa

❖ **Gaaffii:** Amaloota sirna appartayidii addaan baasi.

Warri Boers (Dachi) 1652 qabanii achi jiraataa turan. Gurrachota irrattis dhiibaa gochaa lafa irraa fudhataa turan. Ingliz 1795 Cape colony qabatte. Dhiibbaan Ingiliz waan hammateef warri Dachi (Boers) naannoo sana baqatanii jiraataa turan. Ingliz yeroo **waraana Boers 1899-1902** Dachi injifachuun lafa isaanii **Tiransival, Nataal, Orange free state** fidhachuun Cape colony tti makte “Union of South Africa” uumte. Afrikaa kibbaa keessa gurrachonno **70%** ta’anis lafa **7%** qofa isaan jala ture, kanaaf miidhaa guuddaa jala turan. Sirni kun **1948** yeroo Partiin Biyyoless angoo qabatu **seera qabeessa ta’e**. Bara 1948-1994 partichi kufutii ummata gurraacha Afrikaa kibbaa irratti miidhaa gama hundaa geessiseera. Bara 1964 **Nelson Mandela** hogantoota **ANC** kessaa tokko kan ta’e umurii guutuu itti murtaa’ee mana hidhaatti darbateme.

Amaloota sirna Appartayidii

Warri adiin olantummaa gama hundaa qabu, gurrachonni eeyyama malee socho'uu hin danda'an, hariiroo kamuu adii waliin uumun dhorkaadha, qabeenyaa heddu harka warra adii jira, qoodinsa sanyii halluu bu'ureeffate hammadha, gurrachonni magaalaa jiraachuu hin danda'an, warri hojiif magaalaa dhufanillee waraqaa darbii agarsiisuun dirqama qabu, fi kkf.

Godaannisa Kolonummaa

Humna fayyadamuun mormii cabsu, murtii malee nama hidhaa turan, daangaan namtolcheen isaan uman bilisummaa booda walitti bu'insaaf sababa ta'e, diinagdeen afrikaa quucareera, Afrikanonni heddu aadaa fi seenaa ofii dagatiniiru, aadaa koloneffatootaa kan fudhatanis jiru, ummata Afrikaa qoqqodanii akka walitti bu'aniif haala mijeessu fi kkf.

Walitti Bu'iinsa Afrikaatti bilisummaa booda uumame fi sababoota isaanii

A.Koongoo: fedhii diinagdee hooganota jidduu, fi harka biyyota olla fi warra awurooppatu keessa jira ture. (J.Kabiilaa fi M.Sesessekkoo jidduu)

B.Ruwaandaa: sabani walfixuu Huttuu fi Tutsii bulchiinsa kolonummaatin walqabata bara Beljiyeemii fi Jarman qoqqoodiin hamaan uumame. Warri Tutsii warra Huttuu akka hacuucan gochaa turan. Walitti bu'iinsi kun guyyota 100 keessatti namoonni 1,000,000 ta'an du'an. Kan mil lama ta'an immoo Ruwaandaa gadilakkisanii baqatan.

C.Burundii: walitti bu'iinsa Ruwaandaa waliin wal fakkata. Huttuun 150,000 ta'an ajjeefamaniiru. Kanaan Huttuun heddu gara Ruwaandaatti baqataniiru.

D.Republiika Dimokiratawaa Kongoo (Zaayer)

E.Somaaliyaa: Kunis sanyii ykn gosa kan bu'ureeffate

Dhaabbilee Afrikaa adda addaa

- **ECOWAS**-Lixa Afrikaatti Leegositti hundaa'e 1975
- **IGAD**-Baha Afrikaa 1986 hundaa'e giddugalli isaa Jibuutiidha
- **SADC**-Giddugaleessaa fi kibba Afrikaa, 1993 hundaa'e, giddugalli isaa Kampaalaadha
- **COMESA**-bara 1981 naannuma SADC keessatti hundaa'e PTA duraanii bakka bu'e
- **Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa (OAU/AU):** 1963 Finfinnetti hundaa'e. Kan Afrikanota hundaati.

Arab League: Dhaaba kaaba Afrikaati.

Rakkoowwan Afrikaa Bilisomtee: Rakkoleen Afrikanotaa baay'ee walxaxoodha.

Rakkoo nageenyaa, diinagdee, bulchiinsa gaarii, hanqina bu'uraalee, rakkoo hongee Rakkoo shororkessumaa fi kkf dha.